

Renting in Seattle

ITTI GALUU

Yeroo itti galuu ilaachisee waanti beekamuu qabu wantoota baay'eetu jiru. Barruun kun waa'ee barbaacha mana kira, iyyannoowwan kireeffanna, haala walmadaalinsa eegumsa mana-jireenyaa, kaffaltii yeroo itti galamuu fi yeroo walii galtee gootu maal maal akka ilaaltu fi mana haaraa irratti dudubbata.

www.seattle.gov/rentinginseattle ilaali, [yookiin Lakkoofsa kanaan (206) 684-5700 Renting in Seattle Helpline (Toora-gargaarsaa Seattle keessatti Kireeffachuu) 'tti bilbili.



Manatti galuun mana barbaaduu irraa eegala. Namootni Seattle keessatti mana galuu barbaadan yeroo baay'ee tarreeffamawwan argachuudhaaf applikeeshinii mobaayilii fi tajaajila qilleensarrraa tti fayyadamu. Odeefannoo kanneen argachuuf midiyaalee hawaasaa, hariiroo hojii fi dhuunfaa qabduun fayyadami. Naannoo ollaa kee'tti gabateewwan hawaasaarratti beeksisa maxxansi. Dhiyeessitoota mana gatii madaalamaa ta'eef, www.seattle.gov/findhousing ilaali. Yeroo itti galuuf jettu gargaarsa baasiwwaniitiif, 211 Community Information Line (Toora Odeeffannoo Hawaasaa 211) 'tti bilbili.



City of Seattle
Oromo

Kireeffachuuf Iyyachuu

- Iddoo kireeffachuuf barbaaddu akkuma argatteen iyyanno galfachuudhaaf qophaa'i. Odeeffannoowwan kee kanneen akka wabiwwanii, ragaa madda galii, akkasumas odeeffannoowwan kanneen biroo iyyannoowwan kiraadhaaf barbaachisan qopheeffadhu.
- Abbaan manaas ulaagaa ittiin filatuu fi ga'umsa iyyannoowwan kiraan manaatiif barbaachisan barreeffamaan dhiyeessuu qaba.
- Kireessaan Baasii calallii ulaagaa isaatiif qofa kaffalchiisuu danda'a.
- Abbaan manaa yommuu iyyanno kee ilaalu mana ati gaafatte siif tursuuf yoo *qabdii* barbaade, nagaa'ee odeeffanno haala walii galtee keessanii ibsu kan qabate siif kennuu qaba.
- Mana sanatti galuun kee yoo hafe, qabdiin kee sun guutummaati deebi'ee siif kennamuu qaba yookiin manichi yoo siif kenname baasii manichatti galuu keetti dabalamuu qaba.



Mana Gatii Madaalawaa Hundumaaf

- Abbaan manaa sababa qomoo, qaama hir'ummaa tahuu, koorniyaa, madda galii, umurii, kaardii manaa, fi sababoota eegamoo kanneen biroo kamiyu keetiif sitti kireessuu diduu hin danda'u. Visit www.seattle.gov/civilrights/civil-rights tarreeffamaa guutuu gareewan eegamoo Seattle keessaa ilaaluuf.
- Iyyattootni kanaan dura galmee yakkaa qaban haala haqummaa hin qabneen mana-jireenyaa dhorkamuu hin danda'an. Beeksisiwwan mana-jireenyaa namoota waan kanaan dura hidhamanii bahanif yookaan himatni yakkaa irra jiraateef jedhanii kireeffattoota dhorkuu hin danda'an.
- Kireeffattooni qaama hir'ina qaban qubsuma mijaa'aa kan akka iddo dhaabbii konkolaataa dhiyoo ta'ee fi akkasumas dhaabbiwwan qabannoo kunis sochii isaanii mana keessatti fooyessuuf haalli mijataan uumamuufii akka qabu gaafachuu danda'u.
- Abbaan manaa beeyladoota manaa leenji'anii tajaajilaaf oolan dhorkuu hin danda'u garuu odeeffannoowwan dabalataa tajaajila isaan qaama miidhamummaan walqabatee kennaan ogessa irraa gaafachuu danda'a. Waa'ee qaama miidhamummaa sanaas kireessaan adda baasee gaaffachuu hin danda'u.

Gatii itti Galumsaa

Kaffaltii fi qusannoo nageenyaaf taasifamu irratti daangaan qabatamaa jira.

- Kaffaltiin kan deebi'anii kaffalamen miti. Qusannoowwan garuu guutummaan kan deebi'ee kaffalamudha.
- Kaffaltiin calalliidhaa fi/yookiin gatii qulqulleessuu qofaaf kan kaffalamudha.
- Kaffaltiin kunis gatii ji'atti kira manaat kaffalamuu 10% oliin caaluu hin qabu yoo baasiin yeroo calallii sirriimatti 10% caale malee.
- Qusannaan nageenya fi kaffaltiwwan kun walumatti kaffalti kiraan kan ji'a tokkoo caaluu hin danda'u.
- Abbaan manaa beelada manaat qofaatti qusannoo 25% gatii manaa kan ji'a tokkoo kaffalchiisuu danda'a.
- Tajaajila beeyladoota manaat kaffalchiisuu ni danda'a.
- Abbaan manaa kaffaltii ji'a isa dhumaar irraa durse kaffalchiisuu ni danda'a.



FAKKEENYA 1:

Lee 'n maatii miseensa tokkoodha. Kiraan manaa ji'atti \$1,000. Abban manaa \$45 (calallii), + \$55 (kaffaltii qulqulleessuu) + \$900 (qusannoo nageenyaaf) kunis walii galatti \$1,000 Lee kaffalchiisa.

KIRAA JI'A JI'ANIII	\$1,000
QUSANNOO NAGEENYAA	900
BAASII QULQULLINAA	55
BAASII CALALLII	45

KAFFALTII JI'A JI'ANII	\$2,000
QUSANNOO NAGEENYAA	1,800
BAASII QULQULLINAA	110
BAASII CALALLII	90
QUSANNOO BEEYLADOO MANAAT	500

FAKKEENYA 2:

Tracy fi Morgan daa'imman isaanii lamaan dabalatee maatii miseensa afuriiti. Isaan saree fi adurree ni qabu. Gatiin kiraan ji'atti \$2,000 Kireessaan Tracy fi Morgan \$90 (45 x 2 baasi calallii) + \$110 (baasi qulqulleessuu) + \$1,800 (qusannoo nageenyaaf) walumatti \$2,000 kaffalchiisa. Akkasumas kireessaan kun beeyladoota manaa sanaaf immoo \$500 (qusanna beeyladaa) kaffalchiisuu ni danda'a.

Kaffaltii Yeroo-yeroottii

- Kaffaltiwwan manatt galumsaa, qusannoo nageenya, qusannoo beeyladoota manaa, fi kaffaltii ji'a dhumaar yeroo yerootti kaffaluu filachuu in dandeessa.
- Kaffaltiin yeroo yerootti kun turtii yeroo mana kiraan sana keessatti qabaattu irratti kan hundaa'u yoo ta'u, walii galtee abbaa manaa walii qabduunis xummuruu ni dandeessa.
- Abbaan manaa ati yeroo-yerootti kaffaluu filachuu keetiif sitti kireessuu diduu hin danda'u akkasumas kaffaltii kan biraas si kaffalchiisuu irra hin jiraatu.



Unka Yaadannoo Yeroo Manatti Galumsaa

Abbaan manaa otuu qusannoo nageenya walitti qabuu hin eegaliin gabatee yaadannoo odeeaffannoo haala mana kira ibsu dhiyessuu qaba.

Unka odeeaffannoo waa'ee mana kiraan qabu kan sitti kennamu sana otuu lamaan keessan jechuun ati fi kireessaan itti mallattessitanii guyyas itti hin barreessin, sirriitti-dubbisi-sirreffamni yoo barbaachise sirreessi. Galagalcha isaa harkatti qabachuu kee mirkaneeffadhu.

Yeroo mana sana gadhiiftus, abbaan manaa akka walii-galtee keessan sanaatti miidhaan yoo jiraate unkichaan mana sana mirkaneessuu danda'a.

Abbaan manaa sun *galagalcha Information for Tenants (Odeeaffannoo kireeffattootaaf)*, guduunfaa, guduunfaa mirgaawwanii fi dirqamawwan kireessaan- kireeffataa kan Magaalaan Seattle qopheesse siif kenuuti irra jira. Unki galmee filataa itti dabalam ee jira. Qubsuma kee isa haaraatti filannoof galmaa'uun hin dagatiin!



Tuqaalee Milkaa'inaa.

Walii galtee kiraan manaa mallatteessuu keetiin dura, haaldureewwan fi himoota isaa hubachuutu sirra jira. Kanneen armaan gadii kana ilaali:

- Waliigaltichi yeroo ammam turuu danda'a?
- Walii galteen kiraan sun akkamiin xummurama?
- Haareessuuf carraa ni qabdaa?
- Tajaajilawwan yookiin Kaffaltiiwwan biroo ni kaffalataa?
- Keessummoota qabaachuutti seeronni jiran maal fa'i?

Waliigaltee kiraan hubachuuf gargaarsa Yoo feete gorsa argadhu. Galagalcha fudhantu iddo gaarii isaa ta'e ol kaa'i akkasittis salphaamatti caqasuu ni dandeessa. Kireessaa sana irraa galagalcha bakka buusaa tokko tolaan fudhachuuf mirga qabda.



Walii galteen kiraan galmaa'eeraa?


- Manneen walii galtee kiraan Magaalaa Seattle 'tti galmaa'u qaba kunis wanneen muraasaan ala. Manni kee galmaa'ee jira yoo ta'e yookiin galmaa'u qaba yoo ta'e teessoo kanaan beekuu ni dandeessa seattle.gov/rrio (gama kireeffattootaa irratti cuqaasi).
- Manneen kiraan sadarkaawan ulaagaa mana jirenyaa guutuu qabu akkasumas nagummaa qabaachuu qabu. Wantootni caqasamuu qaban kan dabalatan:
 - Haaraa fi kaarboon monoksaayidii kan addaan baasu
 - Foddaa cufamee banamuu danda'u
 - Cufaawan balbalaa amansiisoo ta'an
 - Madda ho'aa dhaabbataa ta'e
 - Foddaawwan kutaa ciisichaa keessatti



City of Seattle

Seattle.gov/rentinginseattle

Toora- gargaarsaa (206) 684-5700



Seattle hammatummaa fi haqummaatti amanti. Asitti baqattoonnii fi koolu-galtooni ni simatamu. Hojjetootni magaalaa haala lammummaa hin gaafatan akkasumas sadarkaa jirenyaa isaanii malee jiraattoota hunda tajaajilu.

Ati yoo qaama hir'uu taate akkasumas filannoo haala kan biraatiin odeeffannoo nurraa fudhachuu yoo barbaadde maaloo toora-gargaarsaa keenyatti bilbili. Toorri TTY keenyaa kana (206) 233-7156.

Turjumaanni yeroo hunda ni argama. Dookumentiin kun afaanota armaan gadiitiin ni jira:
English • Español • Oromiffa • af Soomaali • አማርኛ • ភាសាខ្មែរ • 中文 • 한국어 ພາສາລາວ • русский язык • ภาษาไทย • ខ្លួន • Tiếng Việt